Oromiyaa Gaazeexaa

Lakk. 338

Odoo

"Sadaasni 29 guyyaa lammata itti dhalannedha"

Bakka bu'oota saboota, sab-lammootaafi ummattoota keessaa kanneen yaada kennan

Sadaasa 29 guyyaa saboota, sab-lammootaafi ummattootaa Itoophiyaa ta'ee kabajamuun isaa guddaa akka isaan gammachiiseefi guyyaa lammata itti dhalatan akka ta'e kanneen ayyaanicha irratti hirmaatan tokko tokko beeksisan.

Ob. Allittoo Baalloo, Ob. Takalamaaram Muussaa, Ob. Ba'uqatuu Balaay, Ad. Kiiniyaa Kabtujaabbaar, Ob. Alxayib Yooseef, Ob. Bushuraa Badhaasaa gaazeexaa Oromiyaaf akka ibsanitti, guyyaan heerri mootummaa itti ragga'e guyyaa dhaloota isaanii akka ta'e addeessaniiru.

Naannoo Kibbaa sab-lammii Oydaa irraa kan dhufan Ob. Allittoo Baalloo akka jedhanitti, bilisa kan ba'an mootummaa ADWUItiin waan ta'eef yoomiyyuu taanaan mootummaa kana cinaa akka dhaabatan addeessaniiru. Sab-lammii Goofaa irraa kan dhufan Ob. Taklamaaram Muussaa ammoo "qonnee galfachuu, daldallee buufachuu, dubbannee dhaga'amuu kan dandeenye mootummaa ADWUItiin waan ta'eef guddaa gammanneera jedhaniiru. Naannoo Amaaraa sab-lammii Agaw irraa kan dhufan Ob. Ba'uqatuu Balaay yaada kennaniin, aadaa, seenaa, qooqni isaanii waan kabajameef hanga kutaa 8tti qooqa isaaniitiin barachuu akka dana'an ibsaniiru.

Sab-lammii Hararii irraa kan dhufan ad. Kiiniyaa Kabtujabbaar akka jedhanitti, aadaa, seenaa, qooqni isaanii beekamummaa argatee akka kanatti ifa bu'uu isaatiif gammachuu guddaa akka qaban dubbataniiru. Maqaa amantaatiin tokkummaa ummataa yeroo dheeraaf ture diiguuf kanneen sosso'an dura dhaabbachuuf qophii ta'uu eeraniiru.

Ob. Alxayib Yuusuu Beenii shaangul sab-lammii Bartaa irraa kan dhufan yoo ta'u Ob. Bushuraa Badhaasaa ammoo sab-lammii Koomoo irraa dhufan. Lamaan isaanii iyyuu mirgi mootummaa kanaan gonfatan guddaa ta'uu addeessanii, mirga argatan kana, kana caalaa gabbisanii fuulduratti deemuuf qophii ta'uu dubbataniiru.

Lafa heek. mil 1.7 ol irratti hojiin misooma sululaa adeemsifamaa jira

Godina Harargee lixaa gandoota 336 keessatti hojiin misooma sululaa bu'a-qabeessa ta'e adeemsifamaa akka jiru itti gaafatamaan waajjira qonnaafi misooma baadyaa godinichaa ibsan.

Itti gaafatamtichi Ob. Miiliyoon Warquu riippoortara Gaazeexaa Oromiyaa Cirootti argamuuf akka beeksisanitti, godinni Harargee lixaa sululoota gurguddoo lama jidduutti kan argamu yoo ta'u, isaanis yaa'a Waabeefi Awaash akka ta'an addeessaniiru. Itti fufuunis, walumaa gala godinicha keessa sululoonni gurguddoo 61, xixiqqaan 879 adda ba'anii beekamuu isaanii ibsaniiru.

Misoomni sululaa godinichaa keessatti adeemsifamaa jiru bu'aa agarsiisaa jira kan jedhan Ob. Miiliyoon fakkeenya yemmuu dhiheessan, kana dura lolaa gubbaadhaa dhangala'u irraa kan ka'e daandii magaalaa Qunniitii hanga Baddeessaatti jiru ganna-ganna konkolaataa irra balaa garagaluu guddaatu ga'a ture. Har'a garuu biyyoon gubbaadhaa dhiqamee gadi bu'u waan hin jirreef rakkoon durii hin jiru jedhaniiru.

Xiyyeeffannoon misooma sululaa kunuunsa biyyoo, bishaaniifi bosonaa haa ta'u malee sochiin hunda qabeessa kanarratti hojjetamaa akka jiru Ob. Miiliyoon eeraniiru. Haala kanaan hojiin biqiltuu biqilchuu, buna misoomsuu, kudraa oomishuu adeemsifamaa akka jirus hubachuun danda'ameera.

Hojiiwwan misoomaa sululaa keessatti hojjetamaa jiran daagaa hojjechuu, hallayyaa hidhuu, lafa manca'e deebisanii damdamachiisuu, jallisiidhaan oomishuu akka ta'e itti gaafatamaan kun ibsaniiru. Akka kanaan hanga ammaatii daagaa hojjechuun km. 36,598, hallayyaa hidhuun meetir kuubii 8199 hojjetamuu, lafa heek. 3,983 tuttuqaa namaafi beelladaa irraa bilisa ta'ee akka damdamatu taasifamuu isaa addeessaniiru. Kana malees aanota gammoojjii keessatti bishaan roobaa jallisuun lafa heek. 4,500 ta'u misoomsuu kan danda'u ijaarsi jallisii %80 xumuramuu ibsaniiru.

Hojiin sanyii baay'isuu lafa heek. 400 irratti hojjetamaa akka jiru Ob. Miiliyoon ibsanii, bara kana sululoota jiran keessatti biqiltuu mil. 42 ol dhaabuun akka danda'ame dabalanii addeessaniiru.

Akka walii galaatti gama sulula Waabee Loozii, gama sulula Awaash ammoo saliixii oomishuuf karoorri akka jiru ibsa Ob. Miiliyoon irraa beekuun danda'ameera.

Busaa ittisuuf sochii taasifameen bu’aan olaanaan galmaa’eera

Weerara busaa irra deddeebi’ee ummata keenya irra ga’u ittisuuf bara 1998 sochii taasifameen weerara busaa uumamuu danda’u hambisuun akka danda’ame biiroon eegumsa fayyaa Oromiyaa addeesse.

Biiroo eegumsa fayyaa Oromiyaatti itti gaafatamaa qajeelcha to’annoo busaa kan ta’an Ob. Darajjee Olaanaa akka jedhanitti, weerara busaa uumamuu danda’u to’achuuf hojiiwwan adda addaa hojjetamuu ibsaniiru. Akka kanaan hojii kana raawwachuuf agoobara raabsuun, “DDT” biifuun, lafa hormaata bookee busaa haxaa’uun, hubannoo ga’aa uumuun, yaala kennuun hojiiwwan hojjetaman ta’uu dubbataniiru.

Haala kanaan bara 1998fi jalqaba bara 1999tti walii gala agoobara mil. 2.2 raabsuun akka danda’ame Ob. Darajjeen eeraniiru. Manneen 778,062 irratti keemikaalli farra bookee busaa biifamuu ibsanii, hirmaannaa ummataatiin lafa hormaata bookee buusaa kaaree meetira 1,077,941 qulqulleessuun akka danda’ame dabalanii addeessaniiru. Itii fufuunis busaa irratti hubannoo ga’aa uumuuf namoota mil. 1.4 ta’aniif barumsi kennamuu ibsanii, namoonni busaan qabaman mil. 1.2 yaalamuu isaanii addeessaniiru.

Ogeessoonni fayyaa 286 leenjii ga’aa argatanii to’annoo busaa akka saffisiisan taasifamuu isaas kan eeran Ob. Darajjeen, qorichi busaa birri. mil. 20fi “DDT” birr. mil. 6 gargaarsa Giloobaal fandiin, yuuniiseefiifi dhaabbata fayyaa addunyaa irraa argameen bitamee raabsamuu addeessaniiru. Walumaa gala xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun hojii hojjetameen waggaa 10 asitti yeroo jalqabaaf weerarri busaa akka hin kaane gochuun akka danda’ame ibsaniiru.

Dhuma irratti Ob. Darajjeen dhaamsa dhamaniin, ummanni ogeeyyoota cinaa akka dhaabatu, mana keemikaalli biifame hanga ji’a ja’aatti akka hin lollane, yoo weerarri busaa mul’ate dafee akka gabaasuufi yoo busaan isa qabe dafee akka yaalamu cimsanii yaadachiisaniiru.

Sadaasa 29, guyyaa saboota, sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa

Jimaata Sadaasa 29/1999, Itoophiyaan bal'ina hedduu ykn naannolee sagaliifi sabootafi sab-lammoota adda addaa 70 ol ta'an qabdu guyyaa bakka tokkotti arguun danda'ame. Magaalaan Finfinnee alaabaa naannolee sagal biyyattiin qabduufi alaabaa Itoophiyaatiin miidhagdeetti. Galmi wal ga'ii Itoophiyaa Finfinnee embaasii Ameerikaatii gaditti argamu qabiyyee Itoophiyummaa qabatee ooleera. Akkaataa manni maree federeeshinii Ebla 21/1998 murteesseen Sadaasa 29, guyyaan heerri mootummaa bakka bu'oota sabaafi sab-lammoonni ergataniin itti ragga'e Sadaasa 29/1999 yeroo jalqabaaf guyyaa saboota, sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa ta'ee kabajameera.

Ganama sa'aatii lama osoo hin ta'iin Itoophiyaa ishee xinnoo ta'ee mul'achuu kan eegale galmi wal ga'ii Itoophiyaa, hanga guyyaa keessaa sa'aatii sagaliitti itti fufee ooleera. Saboota, sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa irraa bakka bu'anii kan dhufan meeshaalee muuziqaa addaafi qooqa isaaniitiin sirboota adda addaa dhageessisaa gammachuu isaanii ibsachaa oolaniiru. Namni guyyaa sana gara galma kanaa dhaqe namoota gara galma kanaa dhufan arge osoo hin ta'iin, Itoophiyaa ishee xinnoo arge yoo jedhame soba hin ta'u.

Kabajaa ayyaana kanaa irratti ministira muumee Mallasiifi Prez. Girmaa dabalatee Ambaasaaddaroonni, ministiroonni, keessummoonni biyya keessaafi biyya alaa waamichi godhameef argamaniiru. Ministirri muummee Mallas kabajaa ayyaana kanaa ilaalchisuun haasawa taasisaniiru. Haasawa taasisan keessatti akka jedhanitti, guyyaan kun guyyaa mirgi sabaafi sab-lammootaa beekamummaa seeraa itti argate qofa akka hin taane dubbataniiru. Akka kanaan ummattoonni kunneen aadaa, seenaa waliin qabaniifi irree isaanii tokko taasisanii biyya tokkummaa ummataa, tokkummaa demokraatawaa qabdu ijaaruuf guyyaa waadaa itti galamu akka ta'e addeessaniiru.

Af-yaafiin mana maree federeeshinii rippaabiliika demokraatawaa federaalawaa Itoophiyaa Dagifee bulaa ayyaana kana ilaachisuun haasawa taasisaniiru. Haasawa taasisan keessatti akka jedhanitti, Caamsaa 1983 kaasee ummattoonni ofii of bulchuu eegalaniiru, dhimma isaanii irratti ofiin murteessuufi aadaa, qooqaafi seenaa isaanii gabbifachuudhaan bu'aa galmeessisuu isaanii dubbataniiru. Heerri mootummaa biyya keenyaa yeroo adda addaatti gufuwwan isa mudachaa turan bira darbee sadarkaa amansiisaa irra ga'uu isaas dabalanii hubachiisaniiru.

Pre. Girmaa W/Goorgis guyyaa kana dhagaa bu'uraa giddu galeessa aadaa saboota, sab-lammootaafi ummattootaa Finfinneetti ijaaramuuf kan kaa'an yoo ta'u, ayyaanni kun waggaa dhufu magaalaa muummee saboota, sab-lammootaafi ummattoota kibbaa kan taate Awaasaatti akka kabajamu beekuun danda'ameera. Gama biraatiin kabajaa ayyaana kanaa irratti beekamuu saboota, sab-lammootaafi ummattootaaf guddaa kan gummaachaniifi addunyaa kana irraa kan boqotan Kiflee Wadaajoof badhaafni kennameera. Akkasumas barreessaa Fiqramaarqoos Dastaa, Dr. Kaarl Heeynz, Wiirtuun infoormeeshinii Waaltaa badhaasa qophaa'eef fudhataniiru. Qabsoo hadhaawaatiin bu'aa har'aa kanaaf shoora olaanaa kan qabu ADWUInis kan badhaafame yoo ta'u badhaasa kana dura taa'aan addichaa Ob. Mallas Zeenaawii fudhataniiru.

Jala bultii ayyaana kanaa Sadaasa 28/1999 galma walga'ii Itophiyaatti simpooziyeemiin dhimma ayyaanichaa ilaallatu adeemsifameera. Siympooziyeemii kana irratti Prez. Girmaa W/Goorgis haasawa kan taasisan yoo ta'u, waraqaawwan qu'annoo adda addaa hayyoota adda addaatiin dhihaateera.

Pre. Girmaa W/Goorgis simpooziyeemii kana wayita banan akka jedhanitti, saboonni, sab-lammoonniifi ummattoonni Itoophiyaa 70 ol ta'an bara dheeraaf biyya kana keessatti wal kabajaafi wal jaalalaan waliin jiraataa akka turan yaadachiisaniiru. Haata'u malee saboonni, sab-lammoonniifi ummattoonni kunneen mirga wal qixxummaa isaanii sarbamanii eenyummaa

isaaniitti akka saalfataniifi akka rifatan ta’aniiru, biyya isaaniitti akka lammii lammaffaatti akka jiraatan taasifamaniiru, akka Prez. Girmaan jedhanitti.

Saboonni sab-lammoonniifi ummattoonni Itoophiyaa qooqa isaaniitiin dubbachuufi barachuu, aadaafi seenaa isaanii guddisuu dadhabuu, eenyummaa isaanii sabarbamuu isaanii Prez. Girmaan eeranii, wal jibbiinsi jidduu isaaniitti akka dhalatu taasifamuu isaallee dabalanii addeessaniiru. Sirna cunqursaa kana dhabamsiisuuf qabsoon hadhaawaan taasifameera jechuun Prez. Girmaan dubbatanii, qabsoo hadhaawaa taasifame kanaanis sirni dargii kufee sirni demokraasii inni haaraan dhugoomuu yaadachiisaniiru.

Heerri mootummaa hirmaannaa saboota, sab-lammootaafi ummattootaatiin erga ragga’ee waggoonni 12 ta’uu Prez. Girmaan haasawa isaanii keessatti dubbataniiru. Waggoota kana keessattis wal qixxummaan ummattootaa hundee jabeeffachaa akka dhufe dabalanii ibsaniiru.

Simpooziyeemii kana irratti waraqaa qu’annoo kan dhiheessan keessaa profeeser Andiriyaas Isheetee isaan tokkodha, Prezidaantii Yunivarsiitii Finfinnee. Waraqaan qu’annoo isaaniis mata duree “Gama eenyummaa saboota, sab-lammootaafi ummattootaatiin fakkii Itoophiyaa ishee har’aa” jedhuun ture. Isaanis yaada qu’annoo isaanii keessatti kaasaniin Itoophiyaa durii keessatti ummattoota hedduuf lammii Itoophiyaa jedhamuuf eenyummaa ofii dhoksuu ykn ganuun dirqama akka ture eeraniiru. Achi keessatti mirgi saboota, sab-lammootaafi ummattootaa cunqurfamaa tureera. Dhiibbaan ga’aa ture gama dinagdeefi hawaasummaa irraa gama siyaasaatti cehe. Haalli kunis finciloota adda addaa kaasisaa tureera. Isaan keessaa kan wayyaanee duraanii, Baaleefi, Goojjam isaan gurguddoo dha. Finciloonni itti fufanii bara 1983 sirni demokraasii biyya keenya keessatti bu’urri isaa kaa’ame.

Dr. Faasil Naahoomis mata duree “Sirna ummattootaa heera mootummaa irraa gara heera mootummaawaatti cehe” jedhuun waraqaa qu’annoo dhiheesaaniiru. Qu’annoowwan dhihaatan irrattis mareewwan adeemsifamaniiru.

Iioo Dubbi

Hunduu ga’ee isaa baanaan...

Biyyi keenya biyya sabaafi sab-lammoonni hedduun keessatti argaman haataatuyyuu malee sirnoota darban keessatti biyya eenyummaan isaanii wal qixa eegameefii keessa jiraatan hin turre. Eenyummaan isaanii haalamee dirqamaan olaantummaa saba kan biroo fudhatanii akka j

iraatan biyya itti ta’aa turanidha. Haala eenyummaa sabummaa isaanii haalaa kana jijjiiruudhaafis qabsoo walirraa hin cinne bifa gurmaa’eefi bittinnaa’een taasisaa turaniiru.

Cunqursaan hammaatee itti fufuu isaatiin qabsoon diddaa hinbitamunuus humnoota demokraatotaan gara sadarkaa olaanaatti ce’e bara 1983 sirna nafxanyaa fonqolchee darbachuuf ga’eera. Sababiin qabsoo diddaa farra nafxanyaas kabajaa eenyummaa sabummaa wal qixxummaa sabaafi sab-lammootaa waan ta’eef seenaa biyya keenyaa keessatti heerri mootummaa kana qabatamaan dhugoomsu ragga’uu danda’eera, bara 1987. Heerri mootummaa bu’aa qabsoo ummattoota biyya keenyaa hundaa ta’e kun mirkanaa’uu kan danda’es sbaafi sab-lammoonniifi ummattoonni biyya keenyaa wal jaalalaani, wal amantiidhaafi walqixxummaadhaan jiraachuudhaaf murteessuu isaaniiti. Kun ammoo adeemsa waggoota 12 darban keessatti qabatamaan dhugoomeera.

Biyyi keenya biyya sabaafi sab-lammiifi ummattoonni hedduun walqixxummaan keessa jiraatan ta’uu ishii humnoonni akka badiitti ilaalan jiru. Biyyatti keessatti aadaan, afaan, seenaan mallattoo eenyummaa ummattoota kanaa wal qixa bareedeefi ifee mul’achuun akka wanta biyya balaaf saaxiluutti ilaaluudhaan inni kaleessa ture akka deebi’u kan hawwan heddu dha. Dhugaan qabatamaan mul’atu garuu faallaa kanaati. Wal kabajaafi jaalalaan jiraachuun bakka mirkanaa’etti baay’inni keenya humna misoomaa, wabii nageenyaa, dagaagina demokraasiiti malee badii akka hin taane adeemsi keenya waggoota kudha lama caalu ragaa ta’uu danda’a.

Kanaafis jecha Sadaasa 29 guyyaa heerri mootummaa seena qabeessi itti ragga’e guyyaa sabaafi sab-lammootaafi ummatootaa biyya keenyaa ta’ee akka kabajamu kan murtaa’e. Guyyaan kun yeroo jalqabaatiifis bara kana haala ho’aa ta’een guutummaa biyyaatti kabajamee ooleera. Keessumattuu sadarkaa federaalaatti iddoo bakka buutonni sabaafi sab-lammootaafi ummattootaa argamanitti guyyaan kun guyyaa seena qabeessa ta’uu isaa karaa mirkaneessuun kabajameera.

Kabaja guyyaa sabaafi sab-lammootaafi ummattootaa kana irratti akkuma jedhame miidhaginni keenya ulfina olaanaa argatee daran gabbatee akka itti fufuuf hiyyummaan keessatti argamu jijjiiramuu qaba. Hiyyummaa keessa taa’anii Kabajaa hawwuun wanta hin yaadamneef baay’ina keenya akka irreettii fayyadamnee biyya keenya misoomsuu qabna. Demokraasiinis dagaaguu kan danda’u guddina dinagdee waliin waan ta’eef hundi keenya kanaaf tumsuu qabna. Kanaafuu, bara itti aanu guyyaa sabaafi sab-lammootaafi ummattootaa kana kan kabajnu dirree guddinaa keessatti akka ta’uuf hawaasni hundi iddoo argamu hundatti ga’ee isaa ba’uuf haa tattaafatu.

Aaga Badhadhinaa

Galiin argamu dachaa hedduun akka dabaluuf

Aaga badhaadhinaan badhaadhina ummata keennaa leellifitti. Milka'ina misooma baadiyaa, keessattuu kan qonnaan bulaa faarsiti. Qonnaan bulaa fakkeenna ta'e hamilee isaa jajjabeesiti. Akkasuma worra duubatti hafaniif muuxannoo dabarsiti.

Yeroo ammaa kana qonnaan bultoonni adda dureen Oromiyaa keessa jiran kumaatamoota. Isaan keessaa, qonnaan bultoonni 500 oli ta'an ganna darbe sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyatti badhaafamaniiru. Adda durummaan isaanii hojii qabatamaadhaan madaalameeti kan badhaafamuu danda'an. Sadarkaa gandaafi aanaa isaanitti madaallii taasifameen, qonnaan bultoota isaan waliin dorgoman mooyataniiti badhaasa kan ga'an.

Qonnaan bultoonni adda dureen (modeliin) ulaagaa maaliin adda dureedha jedhaman waan jedhu gabaabsinee ilaaluun barbaachisa ta'a.

Qonnaan bulaan adda dureen tokko, jalqaba ilaalcha isaatiin gargaaramtummaa nama jibbu ta'utu irra jiraata. Jibba gargaaramtummaa irratti qabu, qabsoo hojiitiin nama mullisuudha. Nama waggaa guutuu yeroo isaa hojii irratti dabarsuudha. Akkasumas, nama jijjiirama fiduudhaaf qophii ta'eedha. Qonnaan bulaa teknoloojiiwwan haara gama qonnaatiin dhiyaatan dafee fudhachuun hojii irra olchuudhaaf qophii ta'eedha. Qonnaan bulaa beekumsaafi muuxannoo argate qonnaan bultoota birootiifis fedha isaatiin dabarsuudhaaf ofi qopheessuudha. Sochii kanaan qonnaan bulaa jireenya isaa irratti jijjiirama fide ykn ammoo fiduu jalqabeedha jechuun ni danda'ama.

Qonnaan bultoonni modela ykn adda dureedha jedhamanii, Oromiyaa keessatti sadarkaa addaddaatti badhaafamaa jiran worra ulaagaa armaan olitti kaafne guutuu danda'an.

Baayyewwan isaanii ilaalcha gargaaramtummaa balaaleffachuun, humna, yaadaafi qalbii guutuudhaan hojii keessa waan galaniif, galii isaanii guddisanii, jireenya mataa isaaniifi maatii isaanii sadarkaa ol'aanaadhaan jijjiiraa jiru. Sanyii filatamaa baayyisuun, jallisiidhaan waggatti yeroo lamaa haga sadii omishuudhaan, horii sanyiin fooyya'e horsiisanii aanaan gabaadhaaf dhiyeessuun, horii foonii haala ammayyaatiin furdisuudhaan fi kkf irratti bobba'uun fakkeennummaa isaanii ifatti agarsiisaa jiru.

Ob. Ayichiluhim Mojoo qonnaan bultoota adda dureedha jedhamanii sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti ganna darbe badhaafaman keessaa nama tokko. Sanyii filatamaa baayyisuun galii isaanii guddisuu nama danda'aniidha. Yeroo ammaa hojii heddu keessa galaniiru. Jallisii ammayawaa, keessas barana seenaniiru. Horii aananis horsiisaa jiru. Waggaa darbe irraa kaasanii mala ammayaatiin sangoota furdisanii gabaaf dhiyeessuu jalqabaniiru. Xiyyeefannaan barreeffama keenna kanaa, mala ammayaatiin sangaa furdisanii gabaaf dhiyeessuun bu'aa qabu kan itti agarsiifnu ta'a; qalbiidhaan dubbisaa nu faana turaan affeerraa keenna.

Ob. Ayichiluhim godina Shawaa bahaa, aanaa Lumee, ganda qonnaan bulaa Sharaafi Dibaan dibaa keessa jiraatu. Jalqaba akkuma gubbatti kaafne, hojiin Ob. Ayichiluhim irratti hirmaatan paakeejiidhaan sanyii filatamaa kan akka qamadiifi Misiraa baayyisuu ture.

Hojiin sanyii baayyisuu bara-baraan bu’aa agarsiisaa dhufeera. Galiin isaanii heddu akka dabalu taasiseera. Hojii galiin irraa argamu yoo itti dabalan galiin waggaa keessatti argamu dachaa lamaa sadiin dabaluu danda’a. Dhugaa kana Ob. Ayichiluhim qabatamaan nutti agarsiisaniiru.

Bara callaa 1997/98 callaa qotan erga walitti qabataniin booda, hojii sangoota furdisutti seenan. Sangoota 28 birrii 1600n tokko tokko isaanii bitan. Nyaata sangoota kanaan gabbisan ammoo tokko tokko sangatti birrii 400 baasii taasisan. Gatiin sangaa tokkoo birrii 2000 ta’e jechuudha. Sangoota 28 kanniin ji’a sadii keessatti yeroo tokkotti gabbisanii gabaadhaaf dhiyeessan. Gaafa gabatti dhiyaatan tokko tokko isaanii birrii 2800-3000ti gurguratan. Tokko tokko sangaa irraa birrii 800-1000 bu’aa argachuudhaan. Giddu galeessan yoo herregne gara birrii kuma 26 bu’aa qulqulluu argachuu akka danda’an namatti agarsiisa. Bu’aan akkanaa qonnaan bulaa tokkof waan guddaadha. Bu’aa gammachiisaadha.

Bu’aa kanarraa ka’uudhaan bara kana karoora guddaa qabataniiru. Ganna darbe sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti badhaafamanii erga deebi’aniin booda, hojii guddaa hojachaa turan. Adda durummaa isaanii ammallee cimsanii itti deemuudhaaf. Sangaa gabbisanii gabaadhaaf dhiyeessuun hojii yeroo gabaabaa keessatti bu’aan guddan irraa argamu ta’usaa muuxannoo waggaa darbeetiin hubannaa argataniiru. Waan ta’eef, hojii kana cimsanii itti deemu akka qaban murteessanii, bakka horii kana itti gabbifatan qopheeffataa turan.

Horii gabbisuun nyaata gaafata, bakka itti nyaatus qopheessuu barbaachisa. Bishaan barbaachisa. Haala kanniin guutuudhaaf ganna darbe irraa kaasanii qophii taasisaa turaniiru, yeroo tokkotti sangoota 30 furdisuun bakka itti danda’amu. Yeroo ammaa ijaarsi bakka nyaata sangootaa xumurameera. Bishaanillee boollaa qotamee ba’ee, genereetaraan gara kuusaa bishaanii akka galu godhameera. Bishaan kuusaa bishaanii keessa gale, dhugaatii namaatiif, jallisiidhaaf, akkasumas dhugaatii horiitiif akka ta’utti ujumoo dhaan bakka bakkatti akka tamsa’u taasifameera.

Yeroo ammaa kana Ob. Ayichiluhim callaa walitti qabataa jiru. Xaafiin dhayamee yoo jedhee cidiin nyaata horiitiif oolu ni argama waant a’eef, hojii callaa walitti qabuu irratti xiyyeeffatanii akka jiran nutti himan. Ammajii tokko irraa kaasanii gara sangoota gabbisutti seenu. Yeroo tokkotti sangoota 30 ji’a sadii keessatti gabbisanii gabaadhaaf dhiyeessu jechuudha. Haalli gabaa tolee jennaan, sangoota 30 irraa bu’aan qulqulluun argamuu danda’u, kuma 30 gad akka hin taane, muuxannoon waggaa darbee ni agarsiisa. Damee galiin irraa argamu ballisuun, galii qonnaan bulaan waggatti damee muraasa irraa argatu dachaa lamaa sadiin akka dabalu taasisa inni jedhamu eegaa dhugaa kanarraa ka’a.

Ob. Masfin Dasee dargaggeessa. Dargaggeessa waggaa 24. Barumsa kutaa 12ffaa xumureera. Qabxiin kutaa 12ffaa barumsa sadarkaa ol’aanaa tan seensiftu hin taane. Hojjata misooma qonnaa ta’uufillee dorgomee hin arganne. Kanaan Abdii utuu hin kutanne hamileedhaan gara hojii qonnaa seene. Jallisiin waan addaddaa omishuun galii guddaa argatee jireenyasaa jijjiiruu irratti argama. Qonna cinatti sangaallee ni gabbisa. Muuxannoo gama horii gabbisuutiin qabu akkas jechuudhaan nuu ibse.

Bara darbe sangaa tokko, birrii 2,800n bite; birrii 1160 itti baasee gabbise. Cidii, furishkaa, faaguloo kkf soore torbanitti guyyaa tokko qaama isaa ni dhiqa. Haala kanaan ji’a sadii qoftii sooree birrii 6500tti gurgure, bu’aa qulqulluu sangaa tokko irraa birrii 2640 argachuudhaan. Haala kanaan horii furdisu irraallee bu’aa argachaa jira” jechuun muuxannoo isaa ibse.

Dubbistoota keenna! sangaa tokko irraa ji’a sadi keessatti bu’aa qulqulluu hanganaa argachuun hagam bu’a qabeessa akka ta’e ifatti nama agarsiisa. Hojjachuu wallalaaf yoo hiyyoomne malee, hojii dhabaaf hiyyoomaa akka hin jirre ragaan Masfin nuu kenne ga’aadha. Asirraa yoo kaanu, hiyyummaan keenna-hiyyummaa sammuuti malee kan hojii dhabuu miti nama jechisiisa. Kanaafuu duulli keenna inni tokko, hiyyummaa sammuu dhabamsisuu irratti ta’uu qaba jenna.